



Full Length Research Paper

Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Hacaaluu Hundeessaa Miidhaafi Diddaa Agarsiisan

Soofiyyaa Huseen (MA)^{1*}, Alamituu Olee (PhD)² fi Abdusalaam A/Olee (MA)³

^{1,2-fi3} Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yuunivarsitii Jimmaa

Email: sofiyahusen67@gmail.com

Submission Date: October 28, 2020

Acceptance Date: March 30, 2021

Axareeraa

Sirna bulchiinsa biyya kanaa dhufaa darbu keessatti dhiibbaan uummata Oromoo irratti, gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin gahaa tureera. Uummanni Oromoos, gocha kana dura dhaabbachuun diddaa isaa bifa garaagaraatiin ibsachaa ture keessa tokko sirbatti fayyadamuunidha. Walaloo sirboota miidhaafi diddaa irratti qorannoo gaggeessuuf ka'umsa kan ta'e hojiin hojjetame bal'inaan kan hin jirre ta'uu isaati. Kaayyoon dimshaashaa qorannoo kanaa, walaloo sirboota Hacaaluu Hundeessaa qabiyyeen isaanii miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffatanii bara 2013-2018 gidduutti bahan ergaa isaaniiin xiinxaluudha. Qorannoon kun kan gaggeeffame walaloo sirboota 10 ta'an mala iddattoo xiyyeeffatan filataman irrattidha. Qorannoon Kun yaadxiinoota hawaasummaa: faayidalessummaa, diddaafi hariiroo fakkoomii fayyadamuun ergaan ijoo walaloo sirboota kanaa Gama jireenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeen jiru mul'isaniin xiinxalamaniiru. Malli qaaccessa ragaalee qorannoon kun ittifayyadame mala xiinxala ragaalee akkamtaadha. Ergaan ijoo xiinxala qabiyyee walaloo sirboota miidhaa mul'isan irratti gaggeeffame akka agarsiisutti, tokkummaa dhabuu, godaansa, dhiittaa mirga namoomaa (hidhaa, dararaa, ajjechaa), haqa dhabuu, lafarraa buqqisuu, saamicha lafaa ta'uu agarsiiseera. Gama biraatiin, miidhaafi dhiibbaan uummata Oromoo gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin gahaa jiru jalaa bahuuf, falmii aangoo siyaasaa gaggeessuun mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuu akka qabu ergaan ijoo xiinxala qabiyyee walaloo sirboota diddaa bal'inaan ni mul'isa. Walumaagalatti, miidhaafi dhiibbaa gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee uummata Oromoorra sirna kanaan gahaa ture jijjiiruu keessatti, weellisaan kun hojii artii isaatiin hubannoo uummataa uumuufi kakaasuun sagalee ta'uu irra darbee falmataa mirga saba isaa ta'uu isaa agarsiisa. Xumurarratti, gaheen walaloon sirboota weellistoota Oromoon weellifaman qabsoo uummata Oromoo keessatti qaban qabiyyeen isaanii xiinxalamee barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuu fi gara fuula duraatti xiyyeeffannaan itti kennamee qorannoon walfakkaatuu akka gaggeeffamu akeekuudha.

Jechoota Ijoo: Xiinxala qabiyyee, Walaloo sirbaa, Sirba diddaa

* Corresponding author.

Abstract

The Oromoo people encountered socio-political & socio-economic pressure under successive administrative regimes of Ethiopia. The people expressed their grievance to these problems in a number of different ways, including protest songs. The study focuses on content analysis of Oromoo protest song lyrics to fill gap existing in the area. The general objective of the research is to analyze themes of song lyrics that focused on Oromoo discontent based on their message they convey. Accordingly, 10 song lyrics were selected based on purposive sampling method. The three sociological perspectives: functional, conflict, & symbolic interaction were adopted to conduct a qualitative analysis on the selected Achalu Hundessa's Oromoo song lyrics based on socio-political & socio-economic contexts. The major message identified from the content analysis of protest song lyrics focused on Oromoo discontent include, lack of unity, migration, human right violation, political domination, economic marginalization. The Oromoo people should struggle to be free from the social, political and economic threat imposed on them as well as to ensure the right to its own homeland as revealed in this protest song lyrics major message. The study establishes that Oromoo music is protest art that speaks on behalf of the people by pointing out the injustices and malpractices that take place in society. Generally, to change the social, political, and economic problems imposed on the Oromoo people in this regime the artist played great role in awareness creation & motivation in his protest song lyrics. Finally, the protest song lyrics sung by the Oromoo artists have paramount role in the Oromoo people political struggle. Therefore, emphasis should be given for further study, as well as, documentation of the message of song lyrics for teaching the next generation in the future.

Keywords: Content analysis, Song lyrics, Protest songs

1. Seensa

Jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti walaloon sirbaa iddoo guddaa qaba. Uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti sirba isaatti dhimma bahuun gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, dhabuufi argachuu, rorroofi birmadummaa, ciminaafi laafina isaa ittiin ibsata. Sirbi meeshaa hawaasni tokko seenaa, siyaasaa, aadaa, dinagdee, jaalala, tokkummaa, miidhaa fi quuqqaa isaa ittiin mul'isuuf dhimma itti bahudha. Yaada kana tumsuun Tasfayeen (2013:86) yoo ibsu, "they are the reflection of the life situation of the society the period they were composed" jedha. Kunis, sirbi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo yeroo itti sirbi sun barreeffamee ykn sirbame kan mul'isudha.

Sirbi, haala miira hawaasaa hawwachuu danda'uun yeedaloofi meeshaa muuziqaan qindaa'ee sagaleen weellifama. Haata'uu malee, qorannoon kun xiinxala ergaa ijoo qabiyyee walaloo sirbaa irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, walaloo sirboota Hacaaluu Hundeessaa qabiyyeen isaanii miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffatanii bara 2013-2018 tti bahan irratti qorannoo gaggeessuun, ergaa isaanii barreeffamaan dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha.

Uummanni Oromoo akkuma sirnoota darbanii sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI (Adda Dimokirasummaa Warraaqsa Uummattoota Itoophiyaa) keessatti miidhaafi dhiibbaa gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin irra gahaa tureera. Keessattuu, bara 2013-2018 gidduutti, mormii maastar pilaanii qindaa'aa Finfinnee waliin walqabatee miidhaafi dhiittaa mirga namoomaa ilmaan Oromoo hedduu irratti bal'inaan raawwateera. Yaada kana kan tumsu qorannoo Amnesty International (2014) baase,

.... patterns of human rights violations in Oromia, including arbitrary arrests, restrictions on freedoms of expression, opinion and association, detention without charge,, enforced disappearance, extra-judicial execution and torture and other ill-treatment, are widespread and appear to be well-established, nimul'isa.

Akkaataa qorannoo dhaabbata kanaatti, haala dhiittaa mirga namoomaa Oromiyaa keessaa jiru addessuutti, tasa qabuu, yaada ofii bilisaan ibsuufi walgahuu dhorkuu, himata malee hidhuu, butanii dhabamsiisuu, ajjeechaa seeraan alaa, dararaafi gochaaleen hammeenya biro bal'inaan kan mul'atan ta'uu mirkaneesseera.

Haata'uu malee, uummanni Oromoo miidhaafi dhiibbaa isa irra gahaa ture dura dhaabbachuuf diddaa isaa bifa adda addaatiin haala itti ibsachaa ture keessa tokko sirbatti fayyadamuunidha (Dammituu, 2008; Tesfayeen 2013; Assefa, 2015; 2018). Bu'uuruma kanaan, Assefaan (2015; 2018) qorannoo isaatiin, uummanni Oromoo sirnoota darban keessatti rorroo bifa adda addaatiin irra gahaa ture dura dhaabbachuuf, afoolaan diddaa isaa akka ibsachaa ture dhugomseera. Gama biraatiin, walaloo sirboota bandiin Afran Qaloo bara 1962 Dirree Dhawaatti yeroo jalqabaaf hundeeffamee sirba diddaa imaammata mootummaa yeroo sanaa mormuun sirbaman irratti Tesfayeen (2013) xiinxala gaggeesseera. Haaluma walfakkaatuun, Dammituun (2008) xiinxala qabiyyee walaloo sirboota weellistoota Oromoo shanii irratti gaggeessuun miidhaafi dhiibbaa mootummaa Itoophiyaatiin uummata Oromoo irratti raawwatame ibsitetti.

Haata'uu malee, walaloo sirba miidhaafi diddaa Oromoo irratti xiyyeeffatanii sirbaman irratti qorannoon gadifageenyaa qoratamee jiru hanga yoonaa xiqqaadha. Kanaafuu, ragaaleen walaloo sirboota miidhaafi diddaa Oromoo irratti qoratame jiru qaawwa bal'aan jiraachuu agarsiisa.

Waan kana ta'eef, kaayyoon dimshaashaa qorannoo kanaa, walaloo sirboota Hacaaluu Hundeessaa qabiyyeen isaanii miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffatanii bara 2013-2018 gidduutti bahan ergaa isaaniiin xiinxaluudha.

2. Sakatta'a barruu

Ogbarruu jechuun ogummaa dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jireenya isaa, akkasumas miira isaa, gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatudha. Ogbarruun waan barreeffamaafi afaaniin jiru hojii kalaqa sammu dhala namaa kan of keessatti qabatudha. Ogbarruun, afaaniin seenaa, safuu, aadaa, duudhaa, akkasumas, jiruufi jireenya hawaasa baatee dhalootaa dhalootatti daddarbu afoola jedhama (Asafaa, 2009, ff.16-17). Gama biraatiin, walaloon gooroowwan gurguddoo Ogbarruu barreeffamaa keessaa isa tokkodha. Haata'u malee ogwalaloon afaaniifi barreeffamaan kan dhiyaatu yoo ta'es xiyyeeffannoon qorannoo kanaa walaloo barreeffamaan dhiyaatan keessaa walaloo sirbaadha. Li & Li

(2010:6) hiika walaloo sirbaa yoo ibsan,”Song lyrics as a set of words that make up a song in a textual format” jedhu. Akka hayyoota kanaatti, walaloo sirbaa jechuun tuuta jechootaa bifa barreeffamaan qindaa’ee sirba uumuudha.

Dhlamini (2017:6) Hansen (2007) waabeffachuun yoo sirba diddaa ibsitu ‘... Protest music would be that it is music that objects to injustice, whether it is based on social, economic, political or racial circumstances. The singer aims at educating and engaging people to take action’ jetti. Akka yaada kanaatti, sirba diddaa jechuun sirba loogii mormu yoo ta’u; kunis kanbu’uureeffatu haalawwan hawaasummaa, dinagdee, siyaasa ykn sabummaa ta’uu danda’a. Weellisaan kayyoon isaa uummata barsiisuu fi kakaasuun tarkanffii akka fudhatan gochuudha jetti.

Uummanni Oromoo yeroo dheeraaf sirna bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa adda addaa keessatti miidhaa fi quuqa isaa sirbatti fayyadamuun diddaa isaa ibsachaa tureera (Asefa, 2018). Asafaa (2004, f.191) xiinxala qabiyyee walaloo Jaarsoo “Finna sana Gama” jedhamu irratti karaa yaadxina hawaasummaa gaggeesseen haala jiruufi jireenya Oromoo Booranaa qofa osoo hin taane uummanni Oromoo akka waliigalaatti sirna Itoophiyaa ADWUI’n dursamu keessatti karaa hawaas-dinagdee, seenaafi siyaasaa rakkoon jiraachuu isaa hubachiisa. Qorannoon Asfaan (2004) adeemsise kun xiinxala qabiyyee walaloo fi yaadxina ittiin xiinxalameen qorannoo kana waliin walfakkeenya qaba.

Gama biraatiin, Dammituun (2008) sirboota weellistoota shanii xiinxaluun, walaloo sirboota isaaniin yakkoota bulchiinsa mootummaa ADWUI’n uummata Oromoo irratti raawwataman mul’isuun, uummanni tokkummaan dura dhaabbachuun loogii isaan irra jiru xumura itti gochuun bilisummaa isaanii deebiiffachuu akka qaban kakaasaniiru. Haaluma walfakkatuun, erga uummanni Oromoo sirna Nafxanyaatiin cabee eegalee dhiibbaafi roorroo sirnichaan irra gahaa ture mormii qabu ibsachuuf gahee sirbi diddaa qabu Tasfayeen (2013) qorannoo isaa bandiin muuziqaa Afran Qaloo irratti taasiseen addeesseera. Qorannoon kun lamaan xiinxala qabiyyee walaloo sirboota diddaa afaan Oromoo irratti gaggeessuun qorannoo kana waliin yoo walfakkaatanis, qorannoo kun yaadxina qorannoo itti fayyadamuu isaatiin adda isa taasisa.

Bifuma walfakkatuun, Dhlamini (2017:179) Xiinxalli “the analysis of 13 selected protest Kalanga songs within the period 2000-2013 in Zimbabwe by adopting the Critical Discourse Analysis framework and the hegemony theory to help identify the discourses as encoded in the theme of selected protest music”, irratti gaggeeffameera. Yaada Kanaan, sirboota diddaa Kalangaa 13 ta’an bara 2000-2013 gidduutti bahan irratti yaadxina xiinxala gadifagoofi ol’aantummaa bu’uureeffachuun ergaa sirboota diddaa filataman keessa jiran adda baasuu dhimma itti bahameera. Xiinxala ergaa qabiyyee sirba diddaa irratti xiyyeeffachuun isaatiin, qorannoo kana waliin yoo walfakkaatu, garaagarummaan isaa yaadxina qorannoon irratti gaggeeffameedha.

Dabalataanis, Neguss (2018) qorannoo isaa “analysed the themes of 60 Amharic song lyrics composed under Emperor Haile Selassie I, the Derge and the EPRDF regimes during the period of 1958-2008 by adopting the three sociological perspectives: Functionalism, Conflict and symbolic” jedhu irratti gaggeesera. Yaadni kunis, walaloo sirboota afaan Amaaraa 60 ta’an bara 1958-2008 A.L.A gidduu bahan irratti xiinxala qabiyyee isaanii

ilaalchoota sadan hawaasummaa (faayidalessummaa, diddaafi fakkoomii) dhimma itti bahuun qorannoo gaggeesseera. Yaadxina walfakkaatu irratti hunda'uu isaatiin yoo walfakkaatanis, qorannoon kun gosa sirboota miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffachuun isaa adda isa taasisa.

Yaadxina hawaasummaa

Ilaalchoota sadan yaadxina hawaasummaa (faayidalessummaa, diddaafi fakkoomii) dhimma itti bahuun qorannoon kun gaggeeffameera. Kana ilaalchisee, Hammond (2010:21) yoo ibsu, "...the functionalist theory claims that society is in a state of balance and kept that way through the function of society's component part", jedha. Akka yaada kanaatti, yaadxineessitoonni faayidalessummaa hawaasni haala tasgabbaa'een turuu kan danda'u karaa tajaajila dhaabbilee hawaasaati. Haaluma kanaan, yaadxinni faayidalessummaa sirna mootummaa tokko keessatti dhaabbileen mootummaa ykn hawaasaa (amantaa, siyaasa, dinagdee, maatii, kkf) walqixxummaan hawaasa tajaajilaa jiraachuufi dhiisuu isaanii qabiyyee walaloo sirboota kana keessatti mul'isan xiinxaluun ergaa isaan qaban uummataaf ibsuuf faayidaa qaba. Kanaafuu, qorannoo kana keessattis tajaajila qabiyyeen walaloo sirboota Hacaaluu Hundeessaa miidhaafi diddaa agarsiisan maal akka ta'aniifi bifa kamiin akka ibsan xiinxaluuf yaadxina faayidalessummaa fayyadamuun gaggeeffame.

Gama biraatiin, Hammond, (2010:23) yoo ibsu,

....contrary to functional theory, conflict theorists see societies and social institutions not as systems in which parts depend on each other and work together in unity to create equilibrium. They focus not on the equilibrium of interdependence and cooperation, but on the shifting balance of power among competing groups, jedha.

Yaada kanaan, faallaa yaadxina faayidalessummaa yaadxineessitoonni waldiddaa hawaasaafi dhaabbileen hawaasaa akka caaseeffama walitti irratti hirkatutti madallii uumuuf tokkummaan waliin hojjetutti hin ilaalani. Xiyyeeffannaan isaanii walitti hirkannaafi waldeeggarsa madaallii dhaabbilee osoo hin taane gartuu waldorgomu gidduutti walgitiinsa aangoo jijjiiruu irratti xiyyeeffatu. Haaluma kanaan, qorannoon kun walaloo sirboota qabiyyeen isaanii diddaa irratti xiyyeeffatee haala Oromoon diddaa sirnicha keessatti ittiin agarsiisaa ture xiinxaluun ergaa isaa mul'isuuf yaadxina waldiddaa faayyadamuun gaggeeffame.

Akkasumas, haala hawaasa kamiin keessatti hiikoon fakkoomii akka kennamu, Hammond (2010:25) yoo ibsu "Symbolic interaction claims that society is composed of ...interactions among individuals who share symbols and their meanings" jedha. Yaadni kunis, akka hariiroon fakkoomii ibsutti hawaasni kan hammatu hariiroo namoota kanneen fakkoomii fi hiikoo isaanii waliin qoddatan gidduuttidha jedha. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun miidhaa fi diddaa uummata Oromoo irra gahaa ture weellisaan fakkoomii ittiin miidhaa ykn diddaa isaa agarsiisaa ture xiinxaluun ergaa isaa ibsuuf yaadxina hariiroo fakkoomii faayyadamuun gaggeeffame.

3. Malleen qorannoo

Qorannoon kun kan gaggeeffame walaloo sirboota Hacaaluu Hundeessaa miidhaafi diddaa Oromoo irratti xiyyeeffatanii bara 2013-2018 gidduutti bahan irrattidha. Saxaxa qorannoo akka Addunyaan (2011:63) ibsutti, “Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa kan to’atu ta’ee, qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu’uureffate agarsiisa” jedha. Itti dabalees Addunyaan yoo ibsu “qorannoon tokko haala ibsu irratti xiyyeeffata kan gaggeeffamefi odeeffannoo akkamtaarratti yoo hunda’ee, saxaxni isaa ibsa akkamtaa ta’a” jedha. Sababni saxaxni kun filatameef qabiyyee walaloo sirboota miidhaa fi diddaa Oromoo irratti xiyyeeffatanii bahan qaaccessuun jechaan waan ibsamaniifidha. Kanaafuu qorannoo kanaa waraabbii walaloo sirboota miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffatani bahan sakatta’uun kaayyoo qorannicharraati hunda’uun ergaa isaanii xiinxaluun ibsameera.

Qorannoon kun kan gaggeeffame ragaalee waraabbii sirboota bara 2013-2018tti sagaleedhaan meeshaalee elektirooniksii MP3tiin karaa marsariitiin yuutubii (youtube) irratti gad-lakkifaman sakatta’uun odeeffannoo argaman irratti dha. Waliigala waraabbiin sirboota 19 ta’an walitti qabaman keessaa, sirboonni 10 ta’an ergaan qabiyyee isaanii miidhaafi diddaa irratti waan xiyyeeffataaniif mala iddatteessuu miti-carraa (non-probability sampling) keessaa mala kaayyeffataa (purposive sampling method) ta’een filataman irratti qorannoon gaggeeffameera.

Malli xiinxala ragaalee qorannoon kun itti fayyadame mala qaaccessa ragaalee akkamtaadha. Ergaa qabiyyee walaloo sirboota kanaa hiika itti kennuuf, ragaalee dookimentii kana waliin walqabatan sakatta’uuniifi ibsa irratti kennuun kan xiinxalamedha. Dhimma kana irratti Fileen (2019, f.112) yoo ibsu “Xiinxalli qabiyyee odeeffannoo walitti qabaman tokko keessatti dhimmoota ijoo jiran, gaaffiilee bu’uuraa ka’uufi ibsamuu qaban qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha” jedha. Itti dabaluuinis, Fileen yaada kana yoo ibsu ‘matadureen odeeffannoon walitti qabamee jiru tokko dhimma maalii irratti akka xiyyeeffatu adda baasee ibsuudhaaf tooftaalee ragaalee akkamtaa itti qaaccessan keessaa isa tokkodha’jedha (ff.112-113). Akkaataa Addunyaan (2011:71) ibsutti, “qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun, irra deddeebi’anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorannoon tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa” jedha. Haaluma kanaan, waraabbii sirboota miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffatan dhaggeeffachuun adda bahan walaloo isaanii sagaleedhaan jiran jecha jechaan waraqaa irratti barreeffamattii jijjiiruun (transcription) gaggeeffameera. Walaloo sirboota kanaa erga barreeffamatti jijjiiramani booda irra deddeebiin dhaggeeffachuunfi dubbisuun ergaa qabiyyee isaaniin qoqqooduun xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan, haala uummanni Oromoo gama hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin keessa jiru irratti xiyyeeffachuun walaloon sirboota kanaa ergaa qabiyyee isaaniin xiinxalamani dhiyaataniiru.

4. Xiinxala ragaalee

Walaloon sirbootaa miidhaafi diddaa irratti xiyyeeffachuun barreeffaman, haala jiruufi jireenya uummata Oromoo karaa hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin mul’isaa turaniin ergaan isaanii xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan, ergaan qabiyyee walaloo sirboota

Hacaaluu Hundeessaa bara 2013 hanga 2018 gidduutti uummataaf gadi-lakkifaman dhimmoota irratti xiyyeeffataniin xiinxalamani dhiyaataniiru.

4.1. Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirbaa Miidhaa Mul'isu

Akkuma sirnoota Habashaa darbanii mootummaa kana keessas miidhaanfi dhiibbaan uummata Oromoo irratti karaa hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee ittifufinsaan gahaa tureera. Miidhaa uummata kana irra bifa adda addaatiin gahaa ture kanas weellistoonni Oromoo wallee isaaniin kasaanii uummata isaani hubachiisaa turaniiru. Haaluma kanaan, xiinxala qabiyyee walaloo sirboota weellisaa Hacaaluu Hundeessaa miidhaafi dhiibbaa Oromoo ibsan irratti gaggeeffame dhimmoota ergaan isaani irratti xiyyeeffataniin kanaa gaditti dhiyaataniiru.

4.1.1. Tokkummaa dhabuu

Uummanni Oromoo hanga walakkeessa jaarraa 19ffaatti, osoo bittaa mootota habashaa jallatti hin kufin, sirna bulchiinsa Gadaatiin akka walbulchaa ture ragaaleen seenaa jiran ni dhugoomsu (Assefa, 2015, f.3). Akka Assefaan ibsutti, sirnoota kana keessatti ol'aantummaa aadaa-hawaasaafi siyaasaa, akkasumaas, saamichi dinagdee uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa tureera. Uummanni Oromoo ol'aantummaa bulchiinsa halagaa jalatti cabee buluu kan danda'e sababa ummaticha amantaan, gosaafi lagaan qooduun tokkummaa isaa diiganiifidha. Kanaafis, gumaacha guddaa kan qaban namoota hawaasnichaa keessaa bahanii mirgaafi faayidaa hawaasnichaa kabachiisurra kan faayidaa ofii dursan qabachuu waan danda'aniifidha.

Dhimma kana ilaalchisee, Hacaaluu Hundessaa sirba isaa “**Maaf wal-sakaalla**” (2017) jedhuun tokkummaa dhabuu gaggeesitoota siyaasa Oromoo gidduutti mul'achaa ture yemmuu ibsu:

Maaf wal-sakaalla	}
Maaf deensa wal-dhorkinaa	
Rakkoon keenya cimaan kanaa	
Waliif hin yaadne	
Walitti yaadne malee	
Dubbiin keenya badii dhalee	
....	

Ergaan walaloo kanaa hoggantoonni dhaabbilee siyaasaa shira diinaan waldura dhabbachuun duula maqaa balleessii wal irratti gaggeessan, tokkummaafi gamtaa dhabuun isaani qabsoo mirgaafi faayidaa uummata Oromoo kabachiisuuf godhamu irratti danqaa ta'uu agarsiisa (sarara 1, 2, fi 3). Gama biraatiin immoo, mootummaa kana keessatti namoota sabicha keessaa bahanii, dantaa fi aangoo dhuunfaa isaaniif jecha ilaalcha siyaasaan, lagaan, amantaan Oromoota qoqqooduun miidhaa hawaasummaafi dinagdeef saaxilaa turan qeeqa qabu mul'isuun akka of sirreessan gorsa (sarara 4, 5, 6). Kana irraa hubachuun kan danda'amu kan diinni Oromoo cabsuuf hojjetu caalaa kan inni walirratti hojjetutti caala. Tokkummaa dhabuu uummata Oromoo ilaalchisee, Dirribiin (2016, f.431) yoo ibsu “uummanni Oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti jalqaba walakeessa jaarraa

19ffaa kufee eegalee mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuuf qabsoo godhaa yoo tures, Oromoota gantuu ta'an faayidaadhaan ofitti qabuun Oromoo irratti kaasuun akka cabsaa turan galmeen seenaa ni addeessuu" jedha.

4.1.2. Godaansa

Sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI keessatti lammiileen biyyatti gama tokkoon carraan hojii biyyaa keessa waan hin jirreef gama biraan dhiibbaa siyaasaan biyyaa kan bahan yoo ta'es, lammiileen Oromoo dhiibbaa siyaasaatiin bilisa ta'anii jiraachuuf yaaddoo dararaa, hidhaafi ajjeechaan waan isaan mudatuuf gara biyya hambaatti baqachuun jireenya baqatuma jiraachuuf dirqamaniiru. Haala kana ilaalchisee, sirba isa **"anaan anaan"** (2013) jedhuun dhiibbaa siyaasaatiin godaansa Oromiyaa keessa ture yemmuu ibsu:

.....
 Kormi biyyaa bahee biyya ormaa jiru
 Hin bokkisu inuma barooda (2x)
 Biyya irra bahanii biyya ormatti hafuu
 Yaa Rabbii maaf nu goota qooda
 Ga'e jedhii mee nu baasi hooda (2x)

.....

Ergaan qabiyyee walaloo (sarara 1fi 2) kanaan namni mirga, ulfinnifi kabajni biyyaa isaatti qabu biyya ormaatti kan hin qabanne ta'uu mammaaksaan agarsiiseera. Lammiileen Oromoo sababa mirga saba isaanii gaafataniif, dhiibbaa siyaasaan hojjetanii jiraachuu waan dadhabaniif gara biyya hambaatti godaananii yaaddoo jireenyaa isaan keessa jiran mul'iseera. Ergaan walaloo (sarara 3) weellisaan yoo ibsu, baqattoonni Oromoo dhiibbaa siyaasaan biyya keessa jiru waan beekaniif, deebi'anii galuu akka hin dandeenye utuu hin jaalatiin biyya isaaniirra bahanii jiraachuu isaanii mul'isa. Ergaan walaloo (sarara 4) jedhuu kanaan, godaansi uummata Oromoof dhiibbaa biyya keessa jiru irraa kan ka'e qooda isaa fakkachuufi humna ol itti ta'u mul'isa. Yaada kana deggaruu, Amnesty International (2014) qorannoo baqattoota buufata Kakumaa, Keeniyaa jiran keessatti gaggeessuun baqattoota Itoophiyaa irra bahan keessaa harki caalaan isaanii Oromoota ta'uu mirkana'eera.

4.1.3. Dhiibbaa hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee

Uummata Oromoorratti miidhaafi dhiibbaa gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen sirna bulchiinsa ADWUI'n gahaa ture weellisaan kun uummata kana bakka bu'ee kaasee walaloo sirboota isaatiin mul'iseera. Dhimma kana ilaalchisee, walaloo sirba isaa **'waa'ee keenya'** [uummata Oromoo] (2013) jedhuun Hacaaluu Hundessaa shiira halagaatiin tokkummaa dhaabuun uummata Oromoo gatii kaffalchiisaa jiraachuu isaa yoo komatu:

Waa'ee keenya yoo itti dhiisan

Silaa nama hin dhiisuu
 Dubbii keenyati akka hin taane
 Otoo jiru nut akka hin jirre
 Maal godhu akka hin jirre 2x
 Jiruu faana gargaar baanee
 Itti dhiisne silaa gad-hin teenye 2x
 Waliigalee yookaan alaa hin gale }

.....

Ergaa walaloo sirba kanaan dhalli Oromoo tokko rakkinaafi rorroon uummata Oromoo irra gahu irraa sababa Oromummaa isaatiin bilisa ta'uu akka hin dandeenye akeeka. Haalli jiruufi jireenya sabichi keessa jiru boqonnaa akka isa dhorkefi callisee bira darbu akka hin dandeenye hubachiisa (sarara 1, 2). Uummanni Oromoo biyya kana keessatti baay'ina uummataan saba guddaafi dachee qabeenya uumamaan badhaatuu taate irra jiraachuu isaa mul'isa. Haata'uu malee, jiruufi jireenya fooyya'aa jiraachuu osoo qabuu, dhiibbaa siyaasaa irraa kan ka'e jireenya gad-aanaa keessa akka jiraachaa jiru agarsiisa. Akka baay'ina uummata biyyatti keessatti qabuun gahee murteessummaa qabaachuu osoo qabuu moggaatti qabamee dhiibbaa jala jiraachuu isaa seenessa (sarara 3, 4, 5 fi 6).

Haaluma wal-fakkaatuun, walaloo '**Itti dhiisnee silaa gad-hin teenye**' (sarara 7) jedhu irratti uummanni Oromoo haala keessa jiru tole jedhee fudhatee ittiin bulaa akka hin jirreefi jijjiiruuf falmachaa jiraachuu isaa hubachiisa. Gama biraatiin immoo, walaloo '**Waliigallee yookaan alaa hin galle**' (sarara 8) jedhuun sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI keessattis, akkuma sirnoota darbanii uummata Oromoo keessaa bahanii dantaa dhuunfaa isaaniif qofa kan bitaman qabachuun, uummata Oromoo lagaan, kutaan, amantaaniifi ilaalcha siyaasaan addaan qooduun tokkummaa isaa diigani miidhaafi dhiibbaa jala akka jiraatu taasisuu agarsiisa. Akka yaadxina faayidalessummaatti sirbi humna tokkummaa hawaasaa eeguun, hawaasni ittifufiinsaan tasgabba'ee akka jiraatu tajaajilu keessatti gahee qaba.

Haaluma kanaan, walaloo sirbaa mata duree walfakkaatuun, '**waa'ee keenya**' (2013) jedhuun rakkoo walsakaaluu yeroo qeequ:

.....

Rakkanne akkam taana
 Walgudunfuufi wal sakaaluun dantaa taate
 Wareegamnee rakkoonis keenya taate
 Mee bara moo dhaloota kam komanna
 Nu rakkanne gubaanee akkam taana
 Ormaaf darbaa maal goonee maaf nu darba
 Nu irra ture ni bubbulee akkuma salphaa

.....

Ergaa walaloo sirba isaatiin weellisaan kun uummanni Oromoo rakkoo keessa jiraachuu isaafi furmaata rakkoo kanaaf ta'u dhabuu isaa akka yaaddoo cimaa itti ta'ee ibsa (sarara 1). Karaa biraatiin, walaloo sirba '**Walgudunfuufi wal sakaaluun dantaa taate**' jedhuun sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI keessatti gantoota fedhii dhuunfaa isaaniif jecha, mirgaafi faayidaa uummata Oromoo dura dhaabbachuun rakkoo keessa akka jiraatan taasisuu isaaniif akka irraa deebi'aniif gorsa qabu dhaama. Uummanni Oromoo haala rakkisaa ta'e keessatti

jiruufi jireenya isaa gaggeessaa, bara dhufee darbu immoo dhaloota bara kana keessa jiraatan akka komatu wallaaluu isaa hubachiisa (sarara 4 fi 5). Sirna dhufaa darbu keessatti uummanni Oromoo gara moggaatti dhiibbamee jiruufi jireenya gad-aanaa keessa akka jiraatu taasifamuufi fayyadamaa ta'uu dhabuu isaa yeroo dheeraa fudhachuu isaa seenessa (sarara 6 fi 7).

Bifa biraatiin, walaloo sirba isaa “**maalan jira**” (2015) jedhuun Finfinnee kan gosa Oromoo Tuulamaa ta'uu fi haala ittiin lafa isaaniirraa buqqa'an, yoo seenessu:

Gullalleen kan Tufaa	}	2x
Gaara Abbichuuti turii		
Galaan Finfinnee marse'ee		
Silaa akka jaalalaa		
Walirraa hin fagaannu		
Jarratu nu fageessee		

.....

Walaloo kana keessatti Finfinneefi naannoon ishee sirna bulchaa Oromoo jalatti bulaa akka turte fi lafa gosoonni Oromoo Tuulamaa irra jirataa turan ta'uu ishee seenessa (sarara 1 fi 2). Haata'uu malee erga Finfinnee irraa gosni Oromoon dhiibbaadhaan buqqa'ee aadaa, seenaa, safuu, eenyummaa, amantaafi afaan isaafi sirna bulchiinsa Gadaa isaa akka hafu ta'ee kan alagaadhaan dhunfatamuu seenessa (sarara 3). Sirnoonni darban gosoota Oromoo Finfinneefi naannoo ishee jiraataa turan lafa akaakilee isaanii irraa buqqisuun gara naannoo biraatti akka godaanaan taasisuun walirraa adda baasuu isaanii seenessa (sarara 4, 5, fi 6). Yaada kana kan tumsu, erga Oromoon walakeessa jarraa 19^{ffaa} keessa gita bittaa Nafxanyaa Mootii Minilik II jalatti kufee kaasee, gosni Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataa turan, kan akka Gullallee, Galaan fi Abbichuu lafa akaakilee isaanii irraa humnaan buqqa'uun miidhaa irra gaheef diddaa isaanii karaa walaloo sirboota isaanii agarsiisaa turuu seenaan ni addeessa (Assefa, 2018).

Haala jiruufi jireenya, akkasumas, cunqursaafi haccuuccaa uummanni Oromoo keessa dabarse walaloo sirba walfakkaatuun “**maalan jira**” (2015) jedhuun quuqama isaa yemmuu ibsu:

.....

Maalan jira, maalan jira, maalan jira
Ya Galaane
Caccabsee na nyaate jira (2x)
... Maalan hafe, maalan hafe, maalan hafe
Ya Galaane
Caccabsee na nyaate lafee
Ani hin jiru, Ani hin jiru, ani hin jiru
Ya Galaane
Kukutee na nyaate tiruu

....

Walaloo kanaan sirnonni darban gosa Oromoo Finfinneefi naannoo ishee jiraataa turan dhiibbaadhaan lafa akaakilee isaanii irraa buqqisuun miidhaa bifa adda addaatiin irra gaheef gaddaafi quuqama isaa mul'isa. Miidhaawwan kunis, lafa akaakilee irraa buqqisuun miidhaa

dinagdeefi hawaasummaa hamaaf saaxilamee jireenya gadadoo keessa akka jiraatu taasifamuu isaa mul'iseera. Akkasumas, lafee fakkoomii akaakileetiin fi tiruu fakkoomii finnatiin bakka buusuun sirnoonni kun uummata kana lafa irraa buqqisuun cunqursaafi haccuuccaa irra qaqqabaa ture hangam ulfataa ta'uu seenessa. Ammas bifuma walfakkaatuun, maastar pilaanii qinda'aa bulchiinsa magaalaa Finfinnee qonnaan bultoota naannoo Finfinnee jiraatan buqqisuuf karoorri bahe hojirra oolee miidhaa dinagdeefi hawaasummaaf akka hin saaxile mormiif uummata kakaaseera. Oromoota keessattuu barattootaafi dargaggoota (qeerroo) mormii maastar pilaanii Finfinnee bara 2014 keessa hiriira bahan irratti hidhatoota mootummaan hidhaa, dararaa, ajjeechaafi biyyaa baasuu raawwate balalefata (sarara 1-9). Bu'uuruma yaadxina faayidaalessummaa hubachiisuun sirna mootummaa biyya kanaa keessatti dhaabbileen mootummaa ykn hawaasaa walqixxummaan hawaasa Oromoo taajajilaa akka hin ture sirbi kun ni mirkanessa.

4.2. Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirba Diddaa Mul'isu

Xiinxalli qorannoo kun akka mul'isutti, uummata Oromoo irratti miidhaafi dhiibbaa gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen sirna Bulchiinsa mootummaa ADWUI'n gahaa ture uummanni Oromoo dura dhaabbachuun diddaa isaa bifa ittiin ibsatan ykn falmatan weellisaan kun wallee isaatiin kakaasuun hubachiiseera. Haaluma kanaan, xiinxala qabiyyee walaloo sirboota diddaa Oromoo ibsan kan Hacaaluu Hundessaa irratti gaggeeffame ilaalchisee dhimmi xiyyeeffannoo ergaa isaanii kanaa gaditti dhiyaataniiru.

4.2.1. Waldiddaa Aangoo Siyaasaa

Kufatii mootummaa dargii bara 1991 booda sabaafi, sab-lammootaafi uummatoonni biyyattii waliigaluun mirga ofiin of bulchuu hanga foxxoquuti, heera mootummaa bara 1995, kewwata 39'n tumameera. Haata'uu malee tumsii paartii ol'aantummaa saba tokkoon gidduugaleessaan gaggeeffamuu ijaarsa sirna dimokrasiifi federalizmii dhugaa mirkanneessuu hin dandeenye. Kanaafuu, gartuun ol'aantummaan aangoo siyaasaa of harkatti qabatee jiru, saba Oromoo siyaasaafi dinagdee biyyatti irraa moggaatti dhiibuun hiyyummaa keessa akka jiraatu taasisaa tureera. Haaluma kanaan, wallee isaa **“xiqqaati guddaa caalee”** (2013) jedhuun ol'aantummaa aangoo siyaasaa gartuu biraa jala jiraachuu uummata Oromoo yemmuu qeequ:

.....

Xinnaati guddaa caalee	}
Guddaatu xinnaate	
An kanaafan aada	
Dubbi isaati na dhibee	
Deebii isaaf dhabe	
Kanaaf rafuun didaa	
Xinnaati guddaa erge	
Guddaatu ergame	

.....

Walaloo sirba kana keessatti, **‘Xinnaati guddaa caalee’** (sarara 1) fi **‘Guddaatu xinnaate’** (sarara 2) fakkoomiin isaa jechi **‘guddaa’** jedhu gartuu saba baayinaan hedduu ta'e **uummata Oromoo** keessa bahe **‘DhDUO’** (Dhaabbata Dimokiraasummaa Uummata

Oromoo) yeroo bakka bu’u ‘**xinnaa**’ jechi jedhu immoo gartuu saba baay’inaan xiqqaa uummata **Tigree** keessaa bahe ‘**ABUT**’ (Adda Bilisa Baasaa Uummata Tigiray) bakka bu’uu mul’isa. Kanaafuu, uummanni Oromoo baay’ina isaatiin hedduu fi dachee qabeenya uumamaan badhaatu taatee osoo qabu, garuu sirna mootummaa ol’aantummaa gartuu siyaasaa saba baayinaan xiqqaa ta’e saba Tigree keessaa bahan jalatti bulaa turuu isaa qeeqa. Qaamni kun gartuu siyaasaa dantaa fi angoo isaa tiksu ofjalatti ijaarate qabeenya uummata Oromoo saamuun jireenya gadadoo fi gidiraa irrann gahaa ture mul’isa (sarara 3, 4, 5, fi 6). Kunis ‘**Xinnaati guddaa erge**’ (sarara 7) fi ‘**Guddaatu ergame**’ (sarara 8) ol’aantummaa gartuun siyaasaa saba xiqqaa ta’ee jalatti uummata Oromoo gabroomee cunqursaafi haccuuccaa keessa jiraachuu isaa mul’isa. Akkaataa yaadxina waldiddaattii gartuun aangoo qabu ol’aantummaan qabeenyaatti waan fayyadamuuf ergaan walaloo sirba kanaa uummanni Oromoo akka baay’ina isaatti aangoo siyaasaa isa gitu qabachuu dhabuu isaa qeequun qabsoof kakaasa.

4.2.2. Falmii Mirga Abbaa Biyyummaa

Uummanni Oromoo erga bulchiinsa halagaa jalatti humnaan cabee akka bulu ta’ee eegalee rakkinaafi rorroo adda addaaf saaxilamee jiraachaa tureera. Haata’uu malee, uummanni Oromoo naannoo isaati mirga ofiin ofbulchuu, qabeenya ofitti fayyadamuu, dimokiraasummaaafi walqixxummaa isaa kabachiisuuf qabsa’aa tureera. Kana ilaalchisee, haala ittiin uummanni Oromoo mirga isaa falmachuu qabu sirba” **maasaan gamaa**” (2013) jedhuun yemmuu kakaasu:

.....
 Kobbortaan ormi namaa hin baatu
 Yoo abbaan ofii badhate malee
 Rorroo orma irra dhufte
 Rorroo diina irra dhuftee
 Maaltu namaa dhoowwa
 Yoo abbaan dhoowwate malee

.....
 Walaloo ‘**Kobbortaan ormi namaa hin baatu**’ (sarara 1) fi ‘**Yoo abbaan ofii badhate malee**’ (sarara 2) jedhu ‘**Kobortaa**’ uffata namoonni yeroo qorraa, akka itti ho’uuf jedhanii uffatan ta’ee yeroo ho’aa immoo ofirra baasanii harkatti qabatan uffata ulfinaati. Fakkoomiin ‘**Kobbortaa**’ uummanni Oromoo ulfina, kabajaa fi sabboonummaa eenyummaa isaaf qabu mul’isa. Mirgaafi ulfina isaa Oromoon kan argatu yoo mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffatedha. Yaadxina hariiroo fakkoomii faayyadamuun, hawaasni eenyummaa isaaf akka kunuunsee eegatuufi eenyuu irraa illee akka isaa kabachisu eegachuufi amanuu akka hin qabne, ‘kobbortaa’ fakkoomii ulfinaan bakka buusee agarsiiseera. Dabalataanis, cunqursaafi haccuuccaa saba isaa irratti kallatti adda addaan gahaa jiru ofii isaa falmatee mirga isaa kabachisuu akka qabu kakaasa (sarara 3, 4, 5, fi 6). Bifuma walfakkaatuun, walaloo sirba “**maasaan gamaa**” jedhuun Hacaaluu Hundessaa (2013) falmii mirga abbaa biyyummaa qeerroon taasisu yemmuu kakaasu akkas jedha:

.....
 Ilma namaa qeerroo jabeessan

Oduu sobaa maaliif odeessan
Saba qulqulluu maaliif xurreessan
Eemolee yaa garba ciisaa
Oromiyaa maaltu gadi-dhiisa

.....

Walaloo ‘**Ilma namaa qeerroo jabeessan**’ kana keessatti egereefi abdiin biyya tokko ijaaruu keessatti dargaggoon (qeerroon) gahee olaannaa akka qabu jajjabeessa. Sabni Oromoo saba nagaa, jaalalaafi kabaja namaafi uumama biraaf kan qabu ta’uu mul’isa. Sirna mootummaa kanaa keessatti haqa dabsanii moggasa isaaf hin malle ‘**dhiphaa**’ jechuun holola sobaan dhugaa isaa awwaluuf yaalii isaan taasisan agarsiisa. Bifa adda addaatiin uummanni Oromoo qabsoo isaa irraa deebi’uuf yoo shiramees, qeerroo cimsee qabsoo falmii mirga abbaa biyyummaa isaa akka finiinsu kakaaseera (sarara 2-5). Haaluma walfakkaatuun, magaalaan Amboo wirtuu qabsoo uummata Oromoo taatee kan beekamtu ta’uu walaloo sirba isaa “**maasaan gamaa**” (2013) jedhuun yoo faarsu:

.....

Amboo keessa lolaa qaata Shaggariin gahe mataan
Abbaanis yoo du’e ilma jira hin badu maqaan
Burree yaa gaddidduu
Boosoon maa si elmatti
Dhitte hin’didduu

....

Ergaa walaloo sirbaa sarara 1 kanaan weellisaan magaalaan Amboo falmii sirna gabroonfataa kana keessatti wirtuu qabsoo uummata Oromoo taatee akka turte agarsiisa. Xiinxala qabiyyee ‘**Abbaanis yoo du’e ilma jira hin badu maqaan**’ jedhuun uummanni Oromoo mirga abbaa biyyummaa isaa falmachuun dhalootaa gara dhalootaatti daddarbaa kan dhufe ta’uu fi seenaa dhugaa qabatee kan deemu ta’uu yaadachiisa. Seenaa dhaloonni darbe mirga abbaa biyyummaa Oromoo kabachisuuf wareegama itti kaffale dhaloonni har’as mirga isaa diinaaf dabarsee kennuu akka hin qabneefi falmachuu akka qabu kakaasa. Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatu yoo taates, uummanni ishee mirga qabeenya ofitti fayyadamuu dhabuun jireenya gad-aanaa keessa waan jiraniif kana jijjiiruuf, qabsoon fala ta’uu kakaasa (sarara 3-5).

Akkasumas, falmii mirga abbaa biyyummaa godhamu irratti shira sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI’n xaxamu walaloo sirba isaa “**Jirra jirra**” (2017) jedhuun yoo ibsu:

.....

Shiran shiranii
Garaafi qalbii kiyya hatani
Akkaan sirraa cituuf yaadanii
...Isaanoo nu doorsiisanii
Maal godheen an sirraa citaa
..... Si fudheen Finfinnee lixa
Si fudheen Shagar koo lixa
Si fudheen Oromiyaa lixa
Biyya abbaa kootiin siin lixa

Ergaan isaa geggeesitoonni sirinichaa uummanni Oromoo qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa kabachisuuf taasisu irra adda baasuuf hameenyaafi daba garaagaraa yoo raawwatanis milka'uu akka hin dandeenye mirkaneessa. Uummanni Oromoo dhiibbaa siyaasaan qabeenyaafi qabiyyee lafa isaarraa buqqisuun bulchiinsa sirnichaan yoo irratti raawwatames jaalala biyya abbaa isaaf qabuf jecha fuldura bahee falmachaa turuu isaa mul'isa. Weellisaan kun sirba isaa kanaan uummanni Oromoo haala keessa darbe, keessa jiruufi eegreen isaa maal akka ta'uu qabu agarsiiseera (sarara 1-5). Haata'uu malee, adeemsa keessa uummanni Oromoo miidhaafi dhiibbaan isa irra gahaa dhufe irraa ka'uun gara fincila diddaa gabrummaa fi qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa guutummaa Oromiyaatti finiinsuu isaa agarsiisa (sarara 6-9).

4.2.3. Qabsoof kakaasuu

Weellistoonni Oromoo miidhaafi dhiibbaa uummata Oromoo irratti sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI'n gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin irra gahaa ture dura dhaabbachuun akka falmatu kara wallee isaanii kakaasaa turaniiru. Kana ilaalchisee, Hacaaluu Hundeessaa walaloo sirba isaa “**Tulluu jala**” (2013) jedhuun qabsoo mirga Oromoo kabachiisuuf taasifamu keessatti gantummaa qabsoo yoo balaaleffatu:

Tulluu jala Malkaa yaatu
Maaltu boorese taliila kana (2x)
Lubbuu akka tasaa baatu
Qaama biyyoon nyaatu
Seenaan si irra hin baatu
Maaltu lammiifi koodee isaa gana (2x)
Hin ganu dideera anuu (2x)

.....

Tulluu jala malkaa yaa'uuti fakkoombii (symbolic) isaa uummata qulqulluufi nagaa ta'ee uummata Oromoo shira adda addaatiin nageenya isaa booresuun/jeequun akka mul'ate hubachiisa. Haaluma wal-fakkaatun, namni kamiyyuu dhalatee du'a hin ooluu waan ta'eef, mirga isaafi kan lammi isaaaf falmachuun wareegama hanga lubbuu kaffaluun seenaa keessatti gootummaan yaadatamaa akka jiraatu jajjabeessa (3, 4, fi 5). Dabalataanis, namoota dantaa fi aangoo isaaniif jecha diinatti hirkatanii hojii gantummaa irratti bobba'anii nageenya uummata Oromoo jeeqaan akka of sirreessan gorsafi akeekkachiisa dabarsaaf. Bifa walfakkaatuun, walaloo sirba isaa “**Tulluu jala**” (2013) jedhuun qabsoo yoo qabsoof yemmuu kakaasu:

.....

Na deema jettus deemi fagaadhu
Malkas luuba faana bu'uu bu'a hin oolani
Rorroon hammaatus didi jabaadhuu
Garaan abbaa faana duuti
Du'a hin oolani
Eega hin oollee
Walirra hin dheessiinu yaa ijoolle }
Duuti hin oolee } 2x

Walirra hin dheesiinu yaa ijoolle

.....

Ergaan walaloo isaas ilmaan Oromoo qabsoo sabummaafi mirga abbaa biyyummaa isaanii mirkanessuuf qabsoon taasisu karaa dheeraa waan gaafateef kutannoodhaan akka itti fufee finiinsuu kakaasa (sarara 1). Kanaafis, dhaloonni har'aa fakkeenyummaa qabsa'oota haqaa kaleessaa mirga uummata Oromoof jecha wareegama kaffalan akka hordofanii falmtaan kakaasa (sarara 2). Gantoota sabaa fedhii garaa isaanii guutaachuuf jecha icciitii qabsa'ootaa dabarsaanii diinaaf kennuun miidhaa geessisaa turaniif akka irraa ofdeebisan gorsa dhaameef. Dhiibbaafi rorroon karaa adda addaa yoo jiraates, kaayyoo qabatanii ka'an hanga galmaan gahanitti akka duubatti hin deebine tokkummaan waliin ta'anii falmachuu akka qaban jajjabeessa (sarara 3-8).

Gama biraatiin, walaloo sirbaa “**dhiichisi foollee kee**” jedhuun Hacaaluu Hundessaa (2015) Oromoon umurii sadarkaa foollee qaqqabe diina isaa loluu akka qabu yemmuu kakaasu:

....

Geeshee sorii

Gesse lolli

Diina hin sossobani dha'ii malee

Irra hin goriin

Itti gorii dawwoo diinoota cabsi malee

....

Walaloo ‘**Diina hin sossobani dha'ii malee**’ (sarara 3) ‘**Itti gorii dawwoo diinoota cabsi malee**’ (sarara 5) jedhuun jecha ‘**diina**’ jedhu fakkoomiin isaa yeroo kana keessa kan ummata Oromoo haccuuccaafi cunqursaadhaan saamicha qabeenya fi lafa isa irraa buqqisaa miidhaa jiran gaggeesitoota sirnichaa bakka bu'uu mul'isa. Fakkoomiin ‘**dawwoo diinoota**’ immoo jala adeemtuu sirnichaa (gantoota) ta'anii kanneen uummata Oromoo kessatti diinaaf dawwoo ta'uun diinni Oromoo irratti soda tokko malee hammeenya barbaade akka raawwatu tajaajilaa fi haala mijeessaa turan agarsiisuuf bakka bu'uu mul'isa. Kanaafuu, weellisaan kun walaloo sirboota isaatiin, uummanni Oromoo diinootafi ergamtoota diinaa miidhaa irraan gahaan irratti qabsa'uun mirga ofiin of bulchuufi mirga qabeenya ofitti fayyadamuu kabachiisan kakaasa.

Haaluma kanaan, walaloo sirba isaa walfakkaatuun “**Dhiichisi Foollee kee**” (2015) jedhuun falmii gootummaan Foollee Oromoo mirga isaaf taasisu yoo kakaasu:

...

Biila garbuu

Eessan darbu

Foollee Oromoo kuma kuma

Diinaa hin sarmu

Harka hin kennuu goonni Oromoo duratuma

2x

.....

Ergaa walaloo sirbaa kana olii keessatti Foolleen ykn dargaggoonni Oromoo mirga abbaa biyyummaa isaa kabachisuuf gootota Oromoo fakkeenya godhachuun qabsa'uu akka qabu kakaasa. Daangaa biyya abbaa isaa diina irra tiksuuf Foolleen Oromoo hedduu ta'an hiriruun falmii godha jiraachuu isaaniif kaasee hamilee isaanii jajjabeeseera. Seenaa

keessattis gootonni Oromoo diinaaf kan harka hin kennine ta'uu isaanii kaasee dhaloota ammaa (qeerroo) onnachiisa (sarara 1-5). Haala kana Dirribii, (2016, f.106) yoo ibsu, sadarkaa sirna Gadaa (bulchiinsa, siyaasaa fi hawaasaa) uummata Oromoo keessatti dargaggoo umuriin isaa 16-24 giddutti argaman Foollee yemmuu jedhaman gaheen hawaasa keessatti qaban raayyaa nageenyaafi tikaa uummataa ta'an hojjetu.

4.2.4. Qabsoo diddaa gabrummaa

Uummanni Oromoo erga sirna cunqursaa halagaa jalatti kufe kaasee tole jedhee ittiin bulaa akka hin jirreefi falmii diddaa gabrummaa gaggeessaa tureera. Haaluma kanaan, walaloo sirbaa “**cabsaa**” jedhuun Hacaaluu Hundessaa (2017) miidhaa gabrummaa jalatti kufuun dhaloota irratti qaqqabsiise yeroo seenessu:

Riqqicha waanjoo gabrummaa cabsaa

Haa cabuu

Nu anjessaa

Dhaloota duraa gaagga'ee

An ammaa duguuguuf yaa'uu

...

Walaloo sirba' **Riqqicha waanjoo gabrummaa cabsaa'** (sarara 1) sirna bittaa Nafxanyaa uummata Oromoo irratti diriirsuu kan danda'an namoota dhalootaan saba kan ta'an faayidaan qabatani riqqicha godhachuun ta'uu seenessa. Riqqicha waanjoo gabrummaa kana uummanni Oromoo ofraa cabsuu ofijaaru akka qabu hubachiisa. Erga uummanni Oromoon sirna bittaa Nafxanyaa jalatti kufee kaasee gita bittoota darbaniin haccuuccaafi cunqursaa irratti raawwataa turuu hubachiisa. Sirnoota darban kana keessatti uummanni Oromoo gama siyaasaafi dinagdee, aadaafi afaanii, akkasumas, hidhaafi ajjechaaf saxilamee jiraachaa turuu isaa seenessa (sarara 2-4). Haaluma wal-fakkaatuun, riqqicha waanjoo gabrummaa kana sirna mootummaa kana keessatti bifa gurmaa'een yoo ofraa hin cabsine, dhaloota ammaa irratti duguugaa sanyii raawwachuuf qopha'uu sirnichaa akeekkachiisa (sarara 5). Haaluma walfakkaatuun, walaloo sirba isaa “**cabsaa**” (2017) jedhuun miidhaa uummata Oromoo irratti raawwateef falmii sirnicha irratti kutaa hawaasa Oromoo adda addaa taasisan yemmuu galateeffatu:

....

Waan hin taane maaltu jira shira ormaan sakaalamnee }
 Amma geenyu otoo beeknuu amma geenyu gahuu dhabne } 2x

Har'a garuu, }
 Qabsa'ootaaf }
 Barattootaaf } 2x
 Oromoodhaaf }

Galaatni isaaniif haa ta'uu
 Lafee isaaniitin ijaaramnee
 Dhiigaa isaaniin wal-suphinee
 Tooftaa diinaatti dammaqnee
 Yaaddoo taanee
 Yaaddeesiinee

....

Sirnoota mootummaa biyya kanaa dhufaa darbaniin uummata Oromoo irratti rorroon biyya lafaa irra jira jedhamu mootummaa cunqursaa ta'een raawwatu hundi kan hin raawwatiin akka hin jirre seenessa. Gama biraatiin immoo uummanni Oromoo uummata dachee badhaatuu qabuu fi baay'ina uummataatiin guddaa ta'ee osoo jiruu, aangoo isa gitu dhabuu irraa kan ka'e misoomaafi guddina sadarkaa isaa gitu irra osoo hin gahiin jiraachaa turuu agarsiisa. Loogii mootummaa kanaan uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa ture irraa kan ka'e dinagdee biyyatti keessatti dorgomaafi fayyadamaa ta'ee akka hin ture agarsiisa (sarara 1 fi 2).

Uummanni Oromoo erga sirna bittaa halagaa jalatti kufee kaasee mirga abbaa biyyummaa isaa falmachaa akka tureefi wareegama lubbuu hedduu itti kaffalaa asiin gahuu isaa yaadachiisa. Falmiin mirga abbaa biyyummaaf qabsa'ootan taasifamaa ture kutaa hawaasa adda addaa hirmaachisuu irra darbee kan uummataa ta'uu isaafi sadarkaa boodatti deebi'uu hin dandeenye irra gahuu isaa agarsiisa. Uummanni Oromoo har'as akka kaleessaa diina jalatti kufee tole jedhee sadarkaa jiraachuu hin dandeenye irra gahuu isaa agarsiisa (sarara 3-9). Gama biraatiin, uummanni Oromoo sadarkaa amma irra gahee jiruun tooftaa diinni karaa adda addaatiin isa qoqqoodee bittaa ture itti dammaqqee waan jiruuf, tokkummaa isaa eeggatee diina isaatti yaaddoo ta'uu isaa agarsiisa (sarara 10-12).

5. Goolabafi yaboo

5.1. Goolaba

Xiinxalli ergaa ijoo walaloo sirboota weellisaa Hacaaluu Hundessaa miidhaafi diddaa Oromoo ibsu irratti xiyyeeffatanii bara 2013-2018 tti bahan irratti qorannoon gaggeeffameera. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, uummata Oromoo miidhaafi dhiibbaa irratti sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI'n gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin gahaa ture keessaa, dhiittaa mirga namoomaa (hidhaa, dararaa, ajjeechaa), tokkummaa dhabuu, haqa dhabuu, godaansa, qabeenyaafi lafarraa buqqa'uu, saamicha lafaa, isaan gurguddoo ta'uu mul'isa.

Haaluma walfakkaatuun, argannoon qorannoo kanaa akka mul'isutti, uummanni Oromoo biyya kana keessatti baay'ina uummata saba guddaafi dachee qabeenya uumamaan badhaatuu taate irra yoo jiraatees, jiruufi jireenya fooyya'aa jiraachuu osoo qabuu, garuu dhiibbaa siyaasaan gara moggaatti dhiibamee jireenya gad-aanaa keessa akka jiraachaa ture mul'isa. Dabalataanis, bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isutti, akkuma sirnoota darbaniin sirna bulchiinsa mootummaa ADWUI keessattis, namoota uummata Oromoo keessaa bahanii aangoofi dantaa dhuunfaa isaaniin bitaman qabaachuun, uummata Oromoo lagaan, kutaan, amantaaniifi ilaalcha siyaasaan addaan qooduun tokkummaa isaa diiganiin miidhaa fi dhiibbaa jala akka jiraatu taasisuu isaaniin agarsiisa.

Uummanni Oromoo erga Impaayera Itoophiyaa jalatti humnaan makame irraa eegalee diddaa isaa karaa garaagaraa keessattuu sirbatti fayyadamuun ibsachaa tureera. Weellisaan kun uummata isaa bakka bu'uun sirbatti dhimma bahee dhaamsa hawaasiicha barsiisuu, dammaqsuufi kakaasuu danda'an ergaa hedduu dhaggeeffoota bira akka qaqqabsiisu isa dandeesisa.

Kanaafuu, haala uummanni Oromoo gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen keessa jiru walaloo sirboota isaatiin kaasee mul'isuun weellisaan kun qabsoo uummata Oromoof gahee guddaa gumaacheera. Akkasumas, uummanni Oromoo sirna mootummaa cunqursaa irratti jijjiirama fiduuf falmii taasise keessatti sirbi Oromoo meeshaa qabsoo uummata Oromoo ta'uu isaa weellisaan kun agarsiiseera. Waan kana ta'eef, weellisaan Oromoo kun haala rakkisaa keessatti hojii kana fakkaatuu hojjechuun uummata Oromoof dhiheessuun isaa artistii qofa osoo hin taane qabsa'aafi falmataa mirga dhala namaa ta'uu isaa mirkaneessa.

5.2. Yaboo

Qorannoo kana keessatti, xiinxala qabiyyee walaloo sirboota miidhaafi diddaa Oromoo ibsu irratti xiyyeeffatanii bara 2013 hanga 2018 gidduutti bahan irratti gaggeeffameera. Weellistoonni Oromoo hedduun haala jiruufi jireenyaa uummanni Oromoo keessa jiru wallee isaaniin sirnoota adda addaa keessatti kaasanii wallisaaniiru. Haata'uu malee, qorannoo murasa irra kan hafe, qorannoo gaggeeffame hin jiru. Waan kana ta'eef, sirboota kana irratti qorannoo gaggeessuun ergaa isaan hawaasaaf dabarsan xiinxaluun akka barumsa irraa argatan taasisuudha. Dabalatanis, qorannoon walaloo sirboota keessatti ittifayyadama afanii irratti qorattoota afaaniifi ogbarruu Oromoon osoo gaggeeffame. Qorannoon wal-fakkaatuu walaloo sirboota weellistoota Oromoo biraa irratti qorattoota afaaniifi ogbarruu Oromoon osoo gaggeeffame guddina ogbarruu Oromoof bu'aa qaba. Qorannoon qaaccessa ergaa walaloo sirboota kana irratti gaggeeffamu dandeettii xiinxaluufi walaloo barreessuu barattootaa cimsuu keessatti qooda ol'aanaa waan qabaniif, Biiroo Barnoota Oromiyaa silabasi barnoota afaniifi ogbarruu Oromoo keessatti hammachiisuun hojii baruufi barsiisuu mana barumsa sadarkaa lammaffaaf akka oolu osoo taasisee faayida qaba.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee qorannoo hujoo*, Finfinne: Efficient Printing Press.
- Amensty International. (2014). 'Because I am Oromo' sweeping repression in the Oromia region of Ethiopia. Amensty International October, 2014 repots Index: AFR 25/006/2014. <https://www.amnesty.org> [guyyaa marsariitii irraa fudhatame 18/2/2018]
- Asafaa Tafarraa. (2004). *Theorizing the present: towards a sociology of Oromo literature: Jaarsoo Waaqoo's poetry*. Addis Ababa: Branna Printing Press.
- _____ (2009). *Eelaa: Seenaa oguma Oromoo*. Finfinnee. Far-East Trading Press.
- _____ (2015). *Ethnography of resistance poetics: power and authority in Salale Oromo folklore and resistance culture, Ethiopia, Northeast Africa* (PhD), Indiana University, United States, Indiana.
- _____ (2018). *Oromo social resentment: re-envisioning resentment theory, an African perspective africology: The Journal of Pan African Studies*, vol.11, no.7, May 2018
- Dammituu Argo. (2008). *Oromo art as a political resistance*. A paper was presented at Oromo Study Association (OSA) annual conference at the University of Minnesota on August 2, 2008, Minneapolis, Minnesota. Retrieved from <https://advocacy4oromia.org/action/oromo-art-as-a-political-resistance/>

- Dhlamini, N. (2017). *Music as a medium of protest: an analysis of selected Kalanga music*, in Languages, Linguistics and Literature at the University of South Africa, unpublished PhD Dissertation
- Dirribii Damusee (2016). *Ilaalchaa Oromoo: Barroo amantaa, sirna bulchiinsa fi seenaa Oromoo*. Finfinnee: Finfinnee Printing & Publishing S.C
- Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo (Research Methodology & Methods)*. Mana maxxansaa ADP (ADP printing press).
- Hammond, Ron.J (2010). *Introduction to Sociology*. London: Smashwords Edition.
- Hansen, J. (2007). 'I Carried My Sorrow Songs: The Expression of Dissent and Social Protest in the Blues and Hip Hop'. Oslo: University of Oslo. Unpublished MA Thesis, Department of Literature, Area Studies and European Languages.
- Li, Tao & Li, Lei. (2010). *Music data mining: An introduction*. Retrieved on January, 2018, at <http://citeseerx.ist.psu.edu/viewdoc/download?doi=10.1.1.297.5458&rep=rep1&type=pdf>
- Neguss Yilma. (2018). *Thematic analysis of selected Amharic song lyrics: a sociological approach*. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation
- Tesfaye Tolessa Bessa. (2013). *A history of Oromo cultural troupes (1962-1991)*. Star Journal: Science, Technology and Arts Research Journal, Jan-Mar 2013, 2(1): 86-94. [https:// www.starjournal.org](https://www.starjournal.org) [Accessed on Nov, 18, 2018]
- Hacaaluu Hundeessaa. (2013). 'Waa'ee keenya'. Retrieved from <http://oromp3.com/index.php?a=profile&u=hachaluhundessa>